Gatii hir’isa (concessions) humna ifaa

Kaardii konseeshinaa yoo qabaatte humna ifaa gatiin isaa hir’ise argatuu danda’uu kee adda baasadhu

Yoo **Kaardii Helzikerii (Health Care Card)**, **Kaardii Sooramaa (Pension Concession Card)**, yokaan **Kaardii Bifwarqee Duultotaa (Veteran Affairs Gold Card)** qabaatte gatii humna ifaa kan tirikaa fi gaazaa rakasha tahe argatuuf mirga ni qabda. Yoo gosoota kaardii kanneen sadan hin qabdu tahe gati hir’isa humna ifaa argatuu hin dandeessu.

Konseeshinni humna ifaa waggaatti doolaara dhibbootaan siif hir’isa. Kaardii konseeshinii yoo qabaatte, warreen humna ifaa qanxaban (energy retaliler) itti bilbili konseshina humna ifaa akkamii akka argattu gaafadhu.

Yoo mana jijjiirratte, kampanii humna ifaa geddaratte ykn kaardii konseeshinii haaraa argatte gatiin humna ifaa gadi bu’aa tahe argatuu hin ilaallatu. Kanaaf gatii humna ifaa kee jala buutee ilaaluu fi konseshina humna ifaa argatuu akka qabdu itti himuu qabda.

Fakkii kaardii konseeshinaa:

Health Care Card

Pension Concession Card

Veterans Affairs Gold Card

Konseshinaan humna ifaa akkamiin akka argatuu maltu qanxabaa humna ifaa kee irraa adda baasadhu

Osoo hin bilbilin dura:

Kanneen itti aanan kana qabaatuu kee hubadhu:

- Gatii humna elektriksitii ykn gaazaa kan irra booda
- Lakoysa humna ifaa kee (maqaa, teessoo, guyyaa dhalootaa, lakoysa siif kenname)
- Kaardii konseeshinaa kee

Afaan hiikaa ni barbaaddaa?
Gatiin humna ifaa kee odeeffannoo tajaajila tola afaan hiikaa ni qaba.

Yeroo bilbiltu:

Qanxabaa humna ifaatti kan himuu qabdu:

“Kaardii konseshinaa nan qaba. Gatii humna ifaa hundatti konseshinni naaf fudhatamuu ilaaluu dandeessaa”

Gargaarsa Maallqaa

Yoo gatii humna ifaa of irraa baasuu dadhabde tarii Gargaarsa Maallaqaa Humna Ifaa (Utility Relief Grant) argatuu dandeessa. Kunis $650 gatii humna ifaa hin baasin jirtu si gargaaruuf. Gargaarsi maallaqaa kun namoota kaardii konseshinaa qaban kan rakkoon maallaqaa isaan argatteef ni jira. Qanxabaa Humna Ifaa (energy retailer) kee itti bilbili waa’ee Gargaarsa Maallaqaa Humna Ifaa (Utility Relief Grant) gaafadhu.